*Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2), 55-72*
**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i2.1803**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2): 55-72**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Shaakala Barsiistonni Kutaa 5-8 Gosa Barnoota Barsiisan Keessatti Dandeettii Afaan Oromoon Barreessuu Barattootaa Gahoomsuuf Qaban: Manneen Barnootaa Mootummaa Filatamoo Magaalaa Naqamtee

Takkaallenyi Galataa[1*], Ayyalechi Koorsaa[2*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa manneen barnootaa kutaa 5-8 keessatti shaakala barssisotni gosa barnoota barsiisan keessatti barattoota dandeettii barreessuu Afaan Oromoon barreessuu barattoota gonfachiisuuf gochaalee barreessii hojiirra oolchuuf dhamaatii isaan godhan adda baasuun dhimmamtoonni akka beekan gochuudha. Malli hojiirra ooles dhiyeenyi ammamta, saaxaxanni qaxxaamura sakata'aafi malleen akka hirmaattota carraa tasaan filachuu, ragaa funaanuuf bargaaffii, ragaa xiinxaluufi hiikuuf immoo istaatistikoota keessaa ibsiifi inferenshaalii hordofamee bu'aan argameera. Bu'aalee ijoon qorannoo kanaas: 1ffaa barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan gochaalee Afaan Oromoon barreessuu hojiirra oolchuurratti sadarkaa gadaanaarra ($\bar{x}$ =2<3) jirachuudha. Kun kan inni agarsiisu, tarsiimoo dandeettii Afaan Oromoon barreessuu barattootaa hojiirra oolchuurratti gumaachasaan gochaa jiran gadbu'aa ta'uusaati. 2ffaa gochaalee Afaan Oromoon barreessuu hojiirra oolchuun muummeewwan adda addaa giddu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($F_{486}$, df=2, a=.619>.05) ta'uudha. Kanarraa kan hubatamu, gochaalee barreessii hojiirra oolchuun akka waan ga'ee barsiisota Afaan Oromoo qofa ta'etti lakkaa'amuusaati; 3ffaa gochaalee Afaan Oromoon barreessuu hojiirra olchuun barsiisota dhiiraafi dubartii giddu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($t_{2.026}$, df=43, a=.061>.05) ta'uudha. Kun kan mul'isu, gochaalee barreessuu hojiirra olchuun saalaan kan walhinqabanne ta'uusaati. Kanaaf, dhimmamtoonni barnootaa sirna leenjii ogummaa barsiisotaafi haala mana barumsaa keessaa fooyyessuun gahumsiifi ilaalchi gochaalee barreessuu hojiirra oolchuu barsiisotaa akka gabbatu gochuufi dhimma kana irratti qorannoo dabalataa geggeessuun fala waarawaa kennuun murteessaadha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 11-02-2025
Revised: 02-10-2025
Accepted: 26-11-2025

***Jechoota Ijoo:*** *barreessuu, barsiisota, barattoota, shaakala, gahumsa*

**Qorataa Muummee:*
*Takkaallenyi Galataa*

*E-mail:*
*walabutekalign@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Dandeettiin afaanii milkaa'ina jiruufi jireenya dhalanamaaf, keessumaa immoo barnootaaf furtuudha. Barattoonni dandeettii afaanii gahaa yoo hin qabaanne, isaan gosoota barnootaa biroo hubachuu fi qabachuuf carraan isaanii xiqqaa waan ta'eef afaan meeshaa gosoota barnootaa biroo ittiin barataniidha (Tamene, 2021). Barreessuun immoo ogummota afaanii keessaa isa murteessaadha (Dean, 2018). Akka Dean (2018)tti barreessuun seenaa dhala namaa keessatti bakka olaanoo qabata. Inni karaa beekumsi, odeeffannoonfi yaadoleen biyyaa gara biyyaatti, hawaasaa gara hawaassatti akkasumas dhalootaa gara dhalootaatti darbudha. Barreessuun sirna barnootaa waliigalaarratti illee dhiibbaa guddaa kan uumudha (READ, 2018).

Barreessuun dubbisuurraa adda baafamee ibsuun nama rakkisa warri jedhanis jiru. Sababni isaas barressuufi dubbisuun kan waltumsan ta'uu qorannooleen waan agarsiisaniif. Ragaan qorannoo Jack (2013) kan Rose (2004fi 2009) wabeeffachuun akka addeessutti warren carraa ogummaa dubbisuu bu'uuraa ijoollummaa ganamaatti argataniifi hinarganne gidduutti garaagarummaan gaafa yuuniversiitii seenan uumame uummata Awustraaliyaa akkasumas uummata Afirikaa kibbaa irratti geggeeffamerraa argatama. Falmii Jack (2013) Rose (2004) wabeeffachuun akka ibsuutti, gochaaleen barreessuu isa lammaffaa ta'ee gahumsa dubbisuu irratti kan bu'uureffamudha. Akka falmii kanaatti namni tokko barreessaa akkaadaamii gahumsa qabu ta'uuf ijoollummaa ganamaatii kaasee ogummaa dubbisuuniis gahoomuu qaba. Jack (2013) yaada Murno (2003) ammoo yennaa wabeeffatu barattoota qophii akkaadamii qaban Yuunivarsiitii keessatti arguuf sirni barnootaa ijoollummaa ganamaatii kaasee gochaalee dubbisuufi barreessuu barattootaa cimsuu irratti hojjetamuu qaba jedha.

Ga'ee barreessuufi dubbisuun qulqullina barnootaa keessatti qabuun yoo ilaalame ammoo milkaa'ina barattootaaf keessumaa dhaabbata barnota olaanaa keessatti dubbisuun gumaacha 85% kan qabu ta'ee (Jack, 2013) barreessuu waliin hariiroo cimaa kan qabudha. Dandeettiin barreessuu immoo gahumsa barreessuu akkaadaamiif murteessaadha.

Gahumsa barreessuu dhabuu barattoota irratti akka uumamu kan godhan 1ffaa Manneen Barnootaa (MB) sadarkaa tokkoffaa keessatti adeemsa baruu barsiisuu barattoota gahumsa barreessuu hingonfachiifne geggeessuu, 2ffaa haala hawaas-diinagdeefi 3ffaa dubbisuu gahaan dhibuu ta'u. Bu'aan kanaa ammoo, qulqullina barreessuu akkaadamii barattootaa sadarkaa barnoota olaanaa keessatti miidhaa fiduun mul'ata (Jack, 2013).

Barreessuu barattootaa irratti rakkoon akka uumamu gochuun ammoo gocha warri koloneeffattootaafi Apaartaayidii warra gurraachaa irratti hojjechaa turan ta'uu agarsiisa (Jack, 2013). Biyyoota adda addaa kan akka Afirikaa kibbaa keessatti warri Apartaayidii ogummaa barreessuurratti rakkoon akka uumamuuf wanta isaan godhan erga Afirikaan Kibbaa bilisa baatee waggaa 19 boodallee barattoota Yuunivarsiitii Afirikaa Kibbaa irratti mula'achaa ture. Dhugaan kun kan agarsiisu tokkoffaa isuma Maandellaan *barnoonni meeshaa waraanaa jabaadha* jedhufi isa Jeneraal Taaddasaa Birruu *sabni barate mirga isaa gaafata* jedhu sana warri Apartaayidii akka meeshaa waraantatti itti gargaaramuudha. Lammaffaa ammoo kan ijoollummatti miidhaman dhiibbaan isaa sadarkaa barnoota olaanaa keessatti irratti mula'achuu agarsiisa.

Karaa ogummaa barreessuu rakkoon akkaadaamii warra gurraacharratti akka uumamuuf wanti warra koloneeffatootaafi Apaartaayidiin godhamaa ture keessaa barsiisota sadarkaa tokkaffaa gahumsa barbaachisu utuu hingonfachiisin leenjisanii bobbaasuu, barsiisonni gosa barnootaa barataniin akka isaan barsiisan dhuwwatanii gosa barnoota biraa akka isaan barsiisan gochuu, carraa gochaalee barreessuutiin barachuu barattootaa xiqqeessuufi barattoota qophii akkaadaamii malee gara sadarkaa barnoota isa itti aanutti darbanii akka isaan akkaadaamii keessa harca'anfi ofitti amanamummaa dhaban gochuufaatiinidha (Jack, 2013). Rakkoon kun kan Afarikaa kibbaa qofa miti biyyoota adda addaa keessatti haala adda addaa mul'achaa tureera mul'achaa jiras. Fakkeenyaaf Amerikaa keessatti barattoonni yunivarsiitii rakkoo akka kanaarraan kan ka'e barnoota isaanii xumuruu dadhabuun falmii uummataa itti fufsiisee jira (Engstrom, 2008).

Gara biyya Itiyoophiyaatti gaafa dhufnu, bara Mooticha H/Sillaasee sabni Oromoo barreessuufi dubbisuu yoo barate soda nuliqimsa jedhu waan qabaniif Oromoon barreessuufi dubbisuu akka hinbaranneef tarsiimoo adda addaatti fayyadamaa turan (Tamene, 2021). Yeroo amma ammoo rakkoon bifa biraatiin mul'achaa jira. Innis manneen barnootaa warren sadarkaa ijoollummaa ganamaa barsiisanitti barsiisota leenjiifi gahumsaan qophii akkaadaamii hinqabne ramaduun akka barsiisan gochuu (Tsegai, 2015), ogummaa barsiisummaa utuu hinbaratiin (applied)n akka barsiisaniifi akka hogganan gochuufi ogummaa barsiisummaa kan baratan hedduun ammoo gosa barnoota barataniin ala akka barsiisan gochuu (Tigistu, 2013), daree tokko keessatti barattoonni istaanderdii kaa'ame ol baay'atanii humna

barsiisaa ol akka ta'an taasisuu, baajanni silaa akka saayinsiitti hunda caalaa sadarkaa gajjellaaf kan ramdamu hanbisuun baajata dhaabbata barnoota olaatiin dacha 50n gadi akka ta'u gochuu, MB dhuunfaa gadhiisii gochuun sirna barnoota biyya kana waliin hindeemne kan biyya alaa bocanii akka fayyadaman gochuu (Woldehanna, 2011), afaan dhalootaa hacuucuuf afaanota biraa daa'immanitti baay'isuutu mul'ata.

Hundumarra, afaan dhalootaa keessatti ogummaan barreessuufi dubbisuu gonfachuu dhabuu umurii ijoollummaa ganamaa, milkaa'ina sadarkaa itti aanuufi gosa barnootaa birooratti illee dhiibbaa olaanaa qaba. Gahumsa dubbisuufi barreessuu qabaachuun gosa barnoota biraan milkaa'uurra darbee nama fayya qabeessa ta'uufi maatii fayya qabeessa qabaachuu, nama waliin walii galuu, carraa hojii argachuu, jijjiirama fudhachuu, gochoota yakka ta'an irraa of qusachuufi kkf gargaara (READ, 2018).

Haata'u garuu, akka Jurecic (2006) kaa'utti jaarraa amma keessa jirru kanatti barreessuu barsiisuu wanti ulfaataa godhe, aadaan dubbisuu akka badu warri gumaachan kanneen akka televiziyoonaa, fiilmii, viidiyoo, geemiifi kkfn jiraachuudha. Kanaafis beekaan kun fala inni kaa'e barattoota gosa bornoota adda addaa keessatti dubbisiisuufi barreessisiisuu, barreeffamoota yaada maddisiisoon shaakalsiisuu, rakkoo marisiisaa ta'eefi wanta walfaallessoo itti kennuu, waa'ee addunyaa wanta yaachisoo ta'aniifi falmii kaasisan akka barreesan taasisuudha. Askeessatti, fala hayyuun kun akka hangafaatti kaa'e barattoonni dandeettii barreessuu horachuu akka dandaa'aniif ga'een barsiisaa afaanii olaanaa yoo ta'eyyuu barsiisonni gosa barnoota biraa barsiisanis gumaacha murteessaa qabaachuu isaaniti.

Egaan dandeettiin afaanii Itoophiyaa keessatti walumaa galatti, Oromiyaa keessatti immoo addatti gad aanaadha (Tamene, 2021). Akka hayyuun kun ibsutti, Oromiyaa keessatti barattoonni Afan Oromoofi Afaan Ingilizii akka gosa barnootaatti kutaa 1 hanga 12tti baratu. Afaan Amaaraa immoo kutaa 5 hanga 12tti akka gosa barnootaatti baratu. Gosa barnootaa warreen kaan immoo Afaan Oromootiin baratu. Garuu, afaanota kana keessaa tokkoon illee gahumsa irraa eegamu hinqaban. Waggoota 12 keessatti dandeettii bu'uuraa afaan kenname (barreessuu, dubbisuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu) qabaachuu dhabuun tooftaalee barnootaafi leenjii afaanii gaarii hintaane malee homaa ta'uu hindanda'u. Adeemsi kun itti fufee jiraachuun abdii Afan Oromos balaadhaaf saaxiluu ol'aanaa ta'uu bifa adda addaan

mul'achaa jira. Isaan keessaa, dogoggorri barreessuu Afaan Oromoo bakka hundatti: kitaaba barataa, gaazexaa, beeksisa, xalayaa waajjiraalee/biirolee, bilboordii, maxxansa miidiyaa hawaasaa fi kkf baratame ta'eera (Samueal, 2011; Tamene, 2021).

Giddu galeessi rakkoo asiin olitti eeramaniifi kan biraa irracaalaa rakkoo dandeettii bu'uuraa afaanii keessaa rakkoo barreessuu MB sadarkaa tokkoffaan walqabata. Rakkoon barreesii afaan dhalootaa MB sadarkaa tokkoffaa rakkoo kan gosa barnoota hundaa, kan barnoota sadarkaa hundaa fi addunyaa hojii barattoota kanaarratti fidudha (READ, 2018). Rakkoon kun amansiisaa ta'uu kan agarsiisu keessaa, bu'aan iyyaafannaa biyyoolessaa barachuu barattootaa akka Itiyoophiyaattis ta'e Oromiyaatti akka agarsiisutti barattoonni sadarkaa hundaarra jiran barnoota afaan dhalootaan qabxii gad-aanaa kan qaban ta'ee gosa barnoota hundaan immoo qabxiin gidugaleessa isaanii 50% gadidha (READ, 2014).

Qorannoon ammaa kan Thomas (2021) akka agarsiisutti qabxiin barattoota asiin olitti ibsamanii 50% gadi ta'uurra darbee yeroodhaa gara yerootti gad-deemaa ta'uusaati. Kunis gahumsa dubbisuufi barreessuu dhabuun gosa barnoota biraan kan akka herregaa, saayinsii hawaasaa, saayinsii uumamaafi kan biroon milkaa'uu dhabuu sadarkaa hundafi jiruufi jireenya nama sanaa irratti rakkoo fiduu isa qorannoon READ (2018) ibsu sana agarsiisa. Dhugaan kun utuu lafa jiruu biyyatti kana (Itiyoophiyaa) keessatti ijoolleen sadarkaa tokkoffaa baratan barreessuufi dubbisuun balaa (risk) keessa jiraachuu isaanii qorannootu agarsiisa. Akka bu'aan qorannoo READ (2018) agarsiisutti guutummaa biyya kana (Itiyoophiyaa) keessatti ijoollee kutaa 2 fi 3 baratan keessaa 32.4% qofatu hamma tokko ogummaa dubbisuu qabaachuu yennaa calaqisiisan haala gaariin kan dubbisuu dandaa'an garuu 6.2% qofadha. Hata'u malee, barattoonni kun rakkoo akkaadaamii qaban kanaan gara sadarkaa ykn marsaa isa itti aanuu (kutaa 5-8)tti yennaa darban rakkoo isaan qaban kun marsicha (kutaa 5-8) keessatti hammam furamaa jira kan jedhuuf ragaan qorannoo mul'achaa hinjiru. Kanaaf kun qaawwaa (gap)n jiraachuu agarsiisa.

Qaawwaa armaan olitti mul'atutti dabalee, muuxannoo qorataan kun yannaa piraaktikamiif kaadhimamtoota barsiisotaa MBtti geessu argaa turetti ammoo akka agarsiisutti barattoonni kutaa 5-8 baratanis barreeffama isaanii keessatti seer-lugaa, ijaarsaafi caaseffama himaa wallaaluu, jechoota walsimsiisanii barreessuu dadhabuu akkasumas sababa jechootni isaanii murtaa'aa ta'eef hedduun isaanii jechoota filatanii

barreessuu hindandaa'an. Kanneen akkasii akka Ahmed (2018) ibsutti rakkoo barreessuu barattoonni qaban ta'uudha. Gama seera barreeffamaa eeganii barreessuutiin immoo barattoonni kun sirna tuqaalee tasayyuu kan hineegnedha. Akka Abdul (2014) jedhutti sirni tuqaalee barreeffama akkaadaamii keessatti murteessaa waan ta'eef barattonni dandeettii kanaa hinqabne barattoota warra rakkoo barreessuu hamaa keessa jiranidha. Keessuma kan nama gaddisiisu barattoonni kutaa 5-8 kun maqaa isaanii qubee sirriin beekanii barreessuu dadhabuurra darbanii qubee gurguddaafi xixiqqaan bakka inni galu beekanii hinbarreessan. Qorattoonni warra akka Hajar (2019) fi Ahmed (2017)ffaa biratti seera qubee eeganii barreessuun akkaadamii keessatti isa ijoo waan ta'eef barattoonni sadarkaa tokkoffaa ogummaa kanaa hingonfanne taanaan rakkoo isaan qaban rakkoo barreeffamaa isa ijoo ta'uu addeeffama. Kanaaf barattoonni MB sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Naqamtee jiran rakkoo isa hamaa keessa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Rakkoo ogummaa dubbisuufi barreessuu barattoonni sadarkaa tokkoffaa biyyattii kanaa (Itiyoophiyaa) hiikuuf qamoleen carraaqan kan akka dhaabbata 'USAID' karaa 'EGRA' *(Early Grade Reading Achivement*) fi READ TA (Reading Ethiopian Achivement Development Techinical Asssistance) turan. EGRA, ykn gahumsa dubbisuu kutaalee jalqabaa jedhuun dubbisuu qofarratti kan xiyyeeffate barsiisota sadarkaa tokkoffaa irratti Amajjii 1, 2015 hanga Mudde 31, 2019 hojjechaa ture (READ M & E, 2016). Qaawwaan askeessa jiru barreessuun kan hinxiyyeeffatamne ta'uusaati. READ TA jaatanii/piroojektii isaa waggaa 5 (2012-2017) keessatti qorannoo barattoonni biyya Itiyyoophiyaa keessa jiran kutaa 2fi 3 baratan afaan dhalootaa jecha tokkoyyuu kan hindubbifne lakkoofsa guddaa kan 50% ol ta'anidha jedhu hiikuuf muujula "*Dubbisuufi Barreesuu Manneen Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Keessatti Barsiisuu (TMT-222)*" jedhu afaan dhalootaa Afaan Oromoo dabalatee 7 (Amaariffa, Tigiriffa, Walaayittaattoo, Af-Sumaalee, Sidaamuu Afoo, fi Hadiyyissaa)f qopheessee ture (READ TA, 2016). Qaawwaan yaalii kana keessatti argamu ammoo rakkoon dubbisuu kan hiikamu gosa barnoota afaan dhalootaa qofaan waan hintaaneef gosa barnoota biraafi kutaa 5-8fis haala kanaan qophaa'uu dhabuudha. Kun hunduu hojjetamee qabxiin barattootaa waggaadhaa gara waggaatti gad adeemuun qorannoon ammaa kan Thomas (2021) mallattoo namatti agarsiisus qaba. Kanaaf hanga hubannaafi dubbisa qorataan kun kanarratti qabutti, rakkoon barreessii olaanaan MB sadarkaa tokkoffaa keessa

jiraachuufi kana furuuf ammoo qaamni bifa addaan barreessuu barattootaa gosa barnoota biraa keessatti keessumaa Magaalaa Naqamtee irratti hojjete akka hinjirredha.

Haala kanaan, rakkooleen barreesuu MB sadarkaa 1ffaan kun oolee kanbulufi furmaata utuu hinargatin kan itti fufu yoota'e akkuma qorannoon Jack (2013) kaa'utti dhaabbatni baroota olaanaa, barattoonni, maatiifi biyyi miidhama hamaa keessa galu. Dhaabbatni barnoota olaanaa galaana barattoota qophii akkaadaamii hinqabneen nyaatama/liqinfama. Barattoonni barnoota isaanii sadarkaa isa itti fufu keessatti akka hinmilkoofneefi akka harca'an godha. Maatiifi biyyaa irratti ammoo dhaloonni ba'aa akka ta'an godha.

Rakkoo asiin olitti addeeffame furuuf, innis dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsuuf MB sadarkaa tokkoffaa ga'ee murteessaa taphatu. Kana keessatti immoo barattoonni dandeettii barreessuu akka horataniif barsiisoonni gosa barnoota biraa barsiisan gumaacha bakka bu'iinsa hinqabne qabu. Waan kana ta'eefis yeroodhaa gara yerootti ciminafi hanqina barsiisotaa sakata'anii isaaniifis ta'ee dhimmamtoof dhiyeessuun bu'aa olaanaa fida. Kanaaf, akeekni qorannoo kanaas MB sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 kanneen Afaan Oromoon barsiisan Magaalaa Naqamtee keessatti shaakala barssisotni barnoota barsiisan keessatti barattoota dubbisiisuuf dhamaatii isaanii adda baasuun qaama furmaataa ta'uufidha. Kanaafis, qorannichi gaaffilee bu'uuraa kanneen gadii kan hordofudha.

1. Barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan gochaalee barreessii hojiirra oolchuun sadarkaa maaliirra jiru?
2. Garaagarummaa murteessaan barsiisota kutaa 5-8 muummewwan adda addaa barsiisan gidduu gochaalee barreessuu hojiirra olchuun jira?
3. Garaagarummaan murteessaan barsiisota dubartootafi dhiira ta'an kan kutaa 5-8 gidduu gochaalee barreessuu hojii irra olchuu jira?

## 2. Malleen Qorannichaa

Creswell (2018) akka ibsetti, dhiyeenyi qorannoo bu'uura karooraafi adeemsa qorannoo tokkoo falaasama walii galaarraa kaasee hanga malleen gadifageenyaa odeeffannoo funaanuu, xiinxaluufi hiikuutti kan of keessatti hammatedha. Dhiyeenyi qorannoo tokko filamuuf kan inni bu'uureffatu amala rakkina qoratamuuf jedhuu, muuxannoo qorataafi qaama qorannichi dhiyaatuuf ta'a.

Creswell (2018) aaka ibsutti, akaakuu qorannoo sadan (ammamtaa, hammamtaafi Makaa) keessaa qorannoo kaayyoo sakata'aa (survey) iddattoo baay'eerratti hojjetamuuf

bu'a qabeessi ammamtaadha. Haaluma kanaan MB magaalaa Naqamtee hamma tokko bal'inaan hammachiisuun iddattoo ragaan irraa funaanamu baay'inaan hirmaachisuudhaan sakata'iinsa geggeessuuf qorattoonni kun dhiyaaya yookaan akaakuu qorannoo ammamtaa filatan.

Saaxaxa ilaalchisee akka Creswell (2018)tti, saxaxanni qorannoo karaa itti qorannoo geggeessan ta'ee akaakuu qorannoo filatame innis ammamtaa, hammamtaafi makaa keessatti kallattiifi akkaata adeemsaa qorannoo kan agarsiisudha. Akka yaadni qorataa kanaa (Creswell, 2018) dabalee kaa'utti saxaxa akaakuu qorannoo ammamta jala jiran keessa qorannoo daangaan isaa bal'aa ta'eef iddattoo bala'aa irraa ragaa bal'inaan funaanaman salphaatti qaaccessanii dhugaa ta'e tokko beekuuf saxaxa qaxamura sakata'aa (cross-sectional survey design) fayyadamuutu filatamaadha. Haaluma kanaan qorattoonni qorannoo kanaa falaasama saxaxa qaxamura sakata'aa qorannoo hordofuuf filatan.

Madda ragaatiin kan walqabatu akka Cresswel (2014) jedhutti, qorataan iddattoo fudhachuu fi qabeenya itti fayyadamuu qabu irratti murtii akka kennu waan gargaaruuf, maddaafi tuuta ragaa ibsuun barbaachisaa dha. Kanaafis, maddi jalqabaafi tuutni qorannoo kanaa barsiisota MB mootummaa sadrkaa tokkoffaa kutaa 5-8 barsiisan kan bulchiinsa magaalaa Naqamteeti.

Iddatteessuufi mala iddatteessuu ilaalchisee akka Bordens (2018)tti, filannoon bakka qorannoo haalli iddattoo kan murteessu filatamaan sun humna baasii inni gaafatu, amansiisummaa isaa, naamusa qorannoofi gaaffii qorannichi gaafatu ta'u. Haaluma walfakkaatuun, Bekalu, (2021)nis Creswel (2014) wabeeffachuun teessumaafi daangaa iddattoo murteessuun qoratichi baay'ina iddattoo fudhatuufi baasii isa/ishee baasisu tilmaamuuf gargaara. Kana bakkaan ga'uufis, qorattoonni kun MB mootummaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 5-8 kan Afaan Oromoon barsiisan murtaa'oo ta'an keessatti barsiisota sadarkaa kana barsiisan irratti geggeeffame. Filannoon kunis MB 10 keessaa 30% (Lakkoofsaan 3) fudhachuuf erga murteessee booda iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu carraa tasaatiin mana barumsaa kam akka ta'e adda baafate. Iddatteessuu carraa tasaa kun mana barumsaa addaan baafame keessattis filannoo barsiisotaafis kan hojjetudha. Kanaafis baay'inni barsiisootaa galmee MB irraa erga fudhatamee booda shallaggiin tokkoo tokkoo mana barumsaaf hojjetamee iddatteessuu carraa tasaan akka mana barumsaa isaaniitti filataman.

Haaluma kanaan, MB Burqaa beekumsaa irraa Dhi.8, Dub. 7, idaa’ama 15; MB Dirree Jaatoo Dhi. 7, Dub. 8, idaa’ama 15; Burqaa Jaatoo Dhi. 8, Dub. 7, idaa’ama 15 ta’ee akka walii galaatti barsiistonni 45 filatamaniiru. Akka meeshaa funaansa ragaatiif immoo barsiisota irraa bar-gaaffii hayyoonni gochaalee barreessu barsiisaan tokko MB sadarkaa 1ffaa keessatti raawwatu kan ittiin odeeffatan irratti waliigalame fayyadamuun odeeffannoon akka funaanamu ta’eera. Gaaffiin karoorfame kun gosa Likert kan qabxii shan deebii kennuu of keessatti qabata. Deebiin gaaffilee keessatti kennamu sirritti walii gala (SW) hanga gonkumaa walii hingalu (GWH)tti kan jirudha.

Bar-gaaffiin qorannichaa kutaa lama of keessaa qaba. Kutaan ‘I’ deebii kennitootaa dimogiraafii saala isaanii, umrii, gahumsa barnootaa, muuxannoo barsiisummaa waggootaafi odeeffannoo biroo wajjin walqabatu gaafata. Kutaan ‘II’ gaaffiiwwan 15 wantoota barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan gochaalee barreessii hojiirra oolchuun sadarkaa maaliirra akka jiran of keessaa kan qabutudha.

Kanaafuu, odeeffannoon shaakala barsiisotni gosa barnoota barsiisan keessatti barattoota ogummaa barreessuun gahoomsuuf qaban irratti karaa bar-gaaffiin funaanamu gaaffii bu’uuraa 1ffaa hanga 3ffaa qorannoo kanaa kan dandeessisu ta’uu isaa qorattoonni kun ni amanu. Xiinxallii ragaa geggeeffame keessatti immoo, qorattoonni kun bifa sirnawaa ta’een ragaa ammamtaa yaa’insa/naqata isaanii hordofan, gargar cabsan/qoodan, walitti fidan isaan booda xiinxaluun qorannichi boca walii galaa/hiika akka argatu taasifame.

Xiinxala xiyyeeffataa taasisuuf, qorataan kun gaaffilee bu’uuraa (GB)fi kaayyolee qorannichaa giddu galeeffachuun ragaa qindeeffatee xiinxale. Sababni kun godhamuufis walxaxiinisa xiqqeessuuf, yeroofi qabeenya haala gahumsa ta’een fayyadamuufidha.

GB sadaniif meeshaa odeeffannoo walfakkaataan funaanuun xiinxala mala ammamtaa geggeessuu keessatti qopheeffachuu, irra deddeebiin dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuu, dididdiriirsuu, walittifiduu, walnyaachisuufi kkfn xiinxaluutu hojiirra oole. Kana keessatti meeshaalee istaatiksii keessa gaaffi bu’uuraa tokkoffaaf istaatiksii ibsaa (descriptive stastistics) gaaffilee bu’uuraa lammaffaafi sadaffaaf ammoo istaatiksii infirenshaalii (inferential statistics) isaanis lammaffaaf one-way ANOVA yennaa ta’u sadaffaaf T-test fayyadamuun xiinxalame.

### 3. Argannoowwaniifi Xiinxala Ragaalee

Shaakala barssisotni MB mootummaa kutaa 5-8 muraasa filatamoo Magaalaa Naqamtee keessatti gosa barnoota barsiisan keessatti barattoota dandeettii barreessuu Afaan Oromoo gonfachiisuuf gochaalee barreessii hojiirra oolchuuf dhamaatii isaan godhan adda baasuuf bara barnootaa 2017/2025tti ragaan funaanamee xiinxalameera.

Haallisaas, odeeffannoon xiinxala bu'aa keessatti fayyadame barsiisota gosa barnootaa adda addaa barsiisan irraa karaa bar-gaaffiin argame. Dhibbeentaan amala deebii kennitoota qorannichaa madaaluuf kan itti fayyadame yoo ta'u, qorannoon kun kutaa lamatti kan qoodame yoo ta'u, isaanis amala deebii kennitootaa adda baasuu fi odeeffannoo duubbee gamaaggamuudha. Kutaan lammaffaan xiinxala odeeffannoo gaaffilee qorannoo qorannichaa irratti deebii kennitoota irraa walitti qabame yoo ta'u, tilmaama haala bu'uuraa moodeelota istaatiksii adda addaa ilaalcha isaanii fayyadamuunidha.

### 3.1 Amaloota Deebii Kennitootaa

Deebistoonni (raghimtoonni) qorannoo kanaa kan filataman MB mootummaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 5-8 kan Afaan Oromoon barsiisan murtaa'oo ta'an keessatti barsiisota sadarkaa kana barsiisan irrati. Filannoon kunis MB 10 keessaa 30% (Lakkoofsaan 3) fudhachuuf erga murtaa'ee booda iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu carraa tasaatiin MB Burqaa beekumsaa, Dirree Jaatoofi Bueqaa Jaatoo filatamaniiru. Haaluma kanaan barsiistonni Dhiiraa 23fi Dubartoonni 22 waliigala 45 filatamaniiru (Gabatee1 ilaaluun nidandaa'ama).

**Gabatee 1: Ibsa Deebii Kennitootaa Mana Barumsaatiin**

| Mana Barumsaa | Muumme | Baay'ina Barsiisaa Saalaan | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi | % | Dub | % | Idaa'ama | % |
| Burqaa Beekumsaa | Saayinsii Hawaasaa | 3 | | 2 | | 5 | |
| | Saayinsii Uumamaa | 2 | | 3 | | 5 | |
| | Kan biro | 3 | | 2 | | 5 | |
| Idaa'ama | | **8** | | **7** | | **15** | |
| Dirree Jaatoo | Saayinsii Hawaasaa | 2 | | 3 | | 5 | |
| | Saayinsii Uumamaa | 3 | | 2 | | 5 | |
| | Kan biro | 2 | | 3 | | 5 | |
| Idaa'ama | | **7** | | **8** | | **15** | |
| Burqaa Jaatoo | Saayinsii Hawaasaa | 2 | | 3 | | 5 | |
| | Saayinsii Uumamaa | 3 | | 2 | | 5 | |
| | Kan biro | 3 | | 2 | | 5 | |
| **Idaa'ama** | | **8** | | **7** | | **15** | |
| **Dimshaasha** | | **23** | **51** | **22** | **49** | **45** | **100** |

Gabatee1 hirmaattonni MB adda addaa irraa kan agarsiisu yoo ta'u, mana barumsaa hundarraayyu walqixa ta'ee %33.33 saayinsii hawaasaa, %33.33 saayinsii uumamaafi %33.33 kan biroo kan bakka bu'an ta'uu ibsa. Gama saalaatiinis %51 dhiirafi %49 dubartoota. Kunis, kutaa hojiitiin, muummee barnootaanfi saalaan walmadaaluu isaanii agarsiisa. Kanaafuu, wanti bu'uura duuba deebii kennitootaa daataa isaan irraa walitti qabame irraa xumuramuu danda'u, waliigala hubachuuf amantaa guutuudha.

### 3.2 Argannoowwan Ijoo

Argannoon qorannichaa gaaffilee bu'uuraa ($GB_{1,2,3}$) irratti hundaa'uun mata dureewwan gurguddoo sadiitti ramadamuun haala armaan gadiitiin kaa'amaniiru.

#### 3.2.1 Barsiisonni Kutaa 5-8tti Barsiisan Gochaalee Barreessii Hojiirra Oolchuun Sadarkaa Isaan Irra Jiran

Sadarkaa gochaalee barreessii Afaan Oromoo hojiirra oolchuun barsiisonni irra jiran ilaaluuf odeeffannoo karaa bar-gaaffii barsiisotarraa funaaname istaastiksii ibsaa fayyadamuun xiinxalame. Kunis, qabxii giddugaleessaa ($\bar{x}$) bu'uureffachuun ta'ee yoo $\bar{x}$ >=4 ta'e Olaanaa, $\bar{x}$ =3 ta'e giddugaleessa, $\bar{x}$ < 3 ta'e immoo gadaanaa jedhamee akka hiikamu ta'eera (Gabatee 2 ilaaluu nidandaa'ama).

**Gabatee 2: Barsiisonni Kutaa 5-8tti Barsiisan Gochaalee Barreessii Hojiirra Oolchuun Sadarkaa Isaan Irra Jiran**

| Istaatistiksii Ibsaa | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Bargaaffilee | Baay'ina (N) | Gad-aanaa | Olaanaa | Qabxii giddugaleessaa ($\bar{x}$) |
| G1 | 45 | 4.00 | 5.00 | 4.5333 |
| G2 | 45 | 4.00 | 5.00 | 4.5778 |
| G3 | 45 | 4.00 | 5.00 | 4.6000 |
| G4 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.2444 |
| G5 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.6000 |
| G6 | 45 | 2.00 | 3.00 | 2.3778 |
| G7 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.4000 |
| G8 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.4222 |
| G9 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.2000 |
| G10 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.2667 |
| G11 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.3556 |
| G12 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.3778 |
| G13 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.4444 |
| G14 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.2222 |
| G15 | 45 | 1.00 | 2.00 | 1.2000 |
| **Qabxii giddugaleessaa ($\bar{x}$)** | | | | **2.05 ≈ 2** |

**Yoo $\bar{x}$ >=4 ta'e Olaanaa, $\bar{x}$ =3 giddugaleessa, $\bar{x}$ <3 gadaanaa ta'a*

Gabatee 2 asiin olii akka agarsiisutti, sadarkaa gochaalee barreessii hojiirra oolchuun barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan sadarkaa gadaanaa ($\bar{x} = 2 < 3$) irra jirachuu isaaniiti.

#### 3.2.2 Garaagarummaa Murteessaan Barsiisota Kutaa 5-8 Muummewwan Adda addaa Barsiisan Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojiirra Oolchuun Jiraachuufi Dhibuu

Gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun muummeewwan adda addaa gidduu garaagarummaan jiraachuufi dhibuu istaastiksii infireenshaalii keessaa 'One way ANOVA' kan jedhamutu fayyadamame. Kunis garaagarummaan murteessaan jiraachuuf gatiin alfaa (α) .05 gadi ta'uu yoo ol ta'e immoo dhibuu akka ulaagaatti fudhatame.

**Gabatee 3: Garaagarummaa Murteessaan Barsiisota Kutaa 5-8 Muummewwan Adda Addaa Barsiisan Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojiirra Oolchuun Jiraachuufi Dhibuu Agarsiisu**

| ANOVA | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Shaakallii Gochaalee Barreessuu Afaan Oromoo Hojiirra Oolchuun | | | | | |
| | Idaa'ama Iskuweerii | Df | Qabxii g/galeessaa Iskuweerii | F | **α** |
| Gareewwan gidduu | 4.578 | 2 | 2.289 | .486 | **.619** |
| Keessoo gareewwanii | 198.000 | 42 | 4.714 | | |
| Idaa'ama | 202.578 | 44 | | | |

**Yoo a <= .05 ta'e garaagarummaa murteessaan jira, a > .05 immoo hinjiru*

Gabateen 3 asii olii akka agarsiisutti gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun muummeewwan adda addaa gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($F_{.486}$, df = 2, α = .619 > .05) ta'uu isaati.

### 3.2.3 Garaagarummaan Murteessaan Barsiisota Dubartootafi Dhiira Ta'an Kan Kutaa 5-8 Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojii Irra Olchuun Jiraachuufi Dhibuu

Gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun barsiisota dhiiraafi dubartii gidduu garaagarummaa murteessaan jiraachuufi dhibuu istaastiksii infireenshaalii keessaa 'Independent Samples T-Test' kan jedhamutu fayyadamame. Kunis, garaagarummaan murteessaan jiraachuuf gatiin alfaa (ɑ) .05 gadi ta'uu yoo ol ta'e immoo dhibuu akka ulaagaatti fudhatame.

**Gabatee 4: Garaagarummaan Murteessaan Barsiisota Dubartootafi Dhiira Kan Kutaa 5-8 Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojii Irra Olchuun Jiraachuufi Dhibuu.**

| Yaalii Iddattoo Of danda'e/Independent Samples Test | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Yaalii Levene walqixxummaa vaayiraansotaaf | | Yaalii t-test Walqixxummaa Qabxii Giddugaleessaaf | | | | | | |
| | F | α. | T | df | α. (2-eegee) | Garaagarum-maa Qabxii g/galeessaa | Garaaga rummaa 'Std. Error' | 95% Garaagarummaa Ofitti amanamummaa: Gadaanaa | Olaanaa |
| Walqixxummaa vaariyaansii yaadame | 14.433 | .061 | 2.026 | 43 | .056 | 1.25296 | .61844 | .00577 | 2.50016 |
| Walqixxummaa vaariyaansii kan hinyaadamne | | | 2.003 | 33.235 | .056 | 1.25296 | .62554 | -.01937 | 2.52530 |

**Yoo a <= .05 ta'e garaagarummaa murteessaan jira, a > .05 immoo hinjiru*

Gabateen 4 asii olii akka agarsiisutti gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun barsiisota dhiiraafi dubartii gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($t_{2.026}$, df = 43, ɑ = .061 > .05) ta'uu isaati

### 3.3 Xiinxala Ragaalee

Mariin qorannichaa gaaffilee bu'uuraa ($GB_{1,2,3}$) irratti hundaa'uun akka geggeeffamu ta'eera. Kutaan kun argannoowwan hiikuu keessatti sirna qabeessa ta'uuf hojimaata cimaa hordofeera. Innis toora armaan gadiitiin

kan keeyyatame (frame) ta'eedha: argannoowwan ijoo qorannichaa, qorannoowwan biroo wajjin walbira qabuu, madaallii yaad-hiddama naannoo sanaa wajjin, hiikaa, ciminaafi hanqinawwan, gudunfaa, yaada furmaataafi yaada gara fuula duraa kennuutiin keeyyatame.

### 3.3.1 Gaaffii Bu'uuraa 1($Gb_1$): Barsiisonni Kutaa 5-8tti Barsiisan Gochaalee Barreessii Hojiirra Oolchuun Sadarkaa Isaan Irra Jiran

Akka bu'aan istaatistiksii ibsi agarsiisutti barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan gochaalee barreessii Afaan Oromoo hojiirra oolchuun sadarkaa gadaanaa ($\bar{x} = 2 < 3$) irra jirachu. Kun kan inni agarsiisu tarsiimoo dandeetti barattootaa barreessi Afaan Oromoo hojiirra oolchuu irratti gumaacha isaan gochaa jiran gadbu'aa ta'uusaati. Egereen barattootaas kan gaaffii jala galu ta'uusaa nama agarsiisa. Bu'aan qorannoo kanaafi yaadinni isaa qorannoowwan kanaan duraa kan Cliff (2009)fi Jack (2013) gabaasa qorannoo isaanii keessatti ibsu, innis manneen barnootaa sadarkaa 1[ffaa] gochaalee barreessii hojiirra oolchuun gadaanaa kan ta'an jiraachuu kan jedhuufi yoo achitti haalaan waa'een barreessii irratti hin hojjetamne ta'e barnoota sadarkaa olaanaa kessatti warra qophii akkaadamii hinqabne ta'u kan jedhu waliin walsimata. Kanaaf bu'aan qorannoo $Gb_1$ kun naannoon kun xiyyeeffannaa akka argatuuf dhimmamtoota barnootaa hundaaf bu'uura ta'uu nimala.

### 3.3.2 $Gb_2$: Garaagarummaa Murteessaan Barsiisota Kutaa 5-8 Muummewwan Adda addaa Barsiisan Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojiirra Oolchuun Jiraachuufi Dhibuu

Bu'aan istaastiksii infireenshaalii 'One way ANOVA' akka agarsiisutti gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun muummeewwan adda addaa gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($F_{.486}$, df = 2, α = .619 > .5) ta'uu isaati. Kun kan inni namatti agarsiisu isa qorataa Mitchell (2006)n gabaasa isaa keessatti shaakalli barreessi akka waan ga'ee barsiisota Afaanii qofa ta'etti lakkaa'amuusaati. Kun qorannoowwan kanaan duraa kan Elton (2010), Mitchell (2006), Jackson (2006), Hawkins (2005), Jacobs (2005) falmii isaanii keessatti barsiisuun barreessuu muummee adda addaa kessatti akka itti guutaatti utuu hintaane akka gocha ijoo qaama baruu barsiisuu muummee sanaa ta'ee hojjechuu qaba ture kan jedhuu waliin waldeggara. Kun kan ta'uu danda'uufis akka Engstrom (2008)fi Jack (2013) qorannoo isaanii keessatti ibsanitti leenjiin isaaniifi haala mana barumsaa keessa jiru waliin walqabachuun akka ta'edha. Kanaaf, bu'aan qorannoo $Gb_2$ kun barsiisota gara shaakallii gochaalee

barreessuu hojiirra oolchuutti fuduuf dhamaatii guddaan dhimmamtoonni akka eeggatudha.

### 3.3.3 Gb3: Garaagarummaan Murteessaan Barsiisota Dubartootafi Dhiira Ta'an Kan Kutaa 5-8 Gidduu Gochaalee Barreessuu Hojii Irra Olchuun Jiraachuufi Dhibuu

Bu'aan 'Independent Samples T-Test' akka agarsiisutti gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun barsiisota dhiiraafi dubartii gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($t_{2.026}$, df = 43, α = .061>.5) ta'uu isaati. Kun kan agarsiisu gochaalee barreessuu hojii irra olchuun saalaan kan walqabatu utuu hintaane leenjii barsiisotaafi haala mana barumsaa keessa jiru waliin walqabachuun akka ta'edha (Engstrom, 2008; Jack, 2013). Kanaaf akka bu'aa qorannoo $Gb_3$ kanatti gochaalee barreessuu hojiirra olchuuf wanti xiyyeeffannaa argachuu qabu garaagarummaa saalaa utuu hintaane leenjii barsiisotaafi aadaa baruu-barsiisuu mana barumsaa keessa jirudha.

## 4. Goolaba

Ogummaan barreessuu barnoota sadarkaa 1ffaa keessatti gonfatamu milkaa'ina akkaadaamii sadarkaa barnoota itti aanuuf hanga Yuunivarsiitiitti jiruuf murteessaa ta'uu agarsiisa. Hojii murteessaa kanaaf ga'ee leencaa kan fudhatu barsiisota afaaniifi barsiisota gosa barnoota biraa barsiisan hundaati. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas MB kutaa 5-8 muraasa filatamoo Magaalaa Naqamtee keessatti shaakala barssisotni gosa barnoota barsiisan keessatti barattoota dandeettii barreessuu Afaan Oromoo gonfachiisuuf gochaalee barreessii hojiirra oolchuuf dhamaatii isaan godhan adda baasuun dhimmamtoonni barnootaa akka beekan gochuudha. Kanarraa ka'uun gaaffileen bu'uuraa sadi qophaa'aniiru.

Kaayyoo qorannoo kana fiixaan baasuufis dhiyeenya (approach) ammamta, saaxaxa qaxxaamura sakata'aa ibsiifi malleen akka hirmaattota carraa tasaan filachuu, ragaa funaanuuf bar-gaaffii, raga xiinxaluufi hiikuuf immoo istaatiksoota keessaa istatiksii ibsii (qabxii giddu galeessaa)fi inferenshaalii hordofamee bu'aan argameera.

Bu'aalee ijoo ta'anis: 1ffaa barsiisonni kutaa 5-8tti barsiisan gochaalee barreessii Afaan Oromoo hojiirra oolchuun sadarkaa gadaanaa ($\bar{x}$ =2 < 3) irra jirachu. Kun kan inni agarsiisu tarsiimoo dandeetti barattootaa barreessi Afaan Oromoo hojiirra oolchuu irratti gumaacha isaan gochaa jiran gadbu'aa ta'uurraan kan ka'e egereen barattootaa abdachiisaa kan hintaane ta'uu namatti agarsiisa; 2ffaa gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun muummeewwan

adda addaa gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($F_{.486}$, df = 2, ɑ=.619 >.05) ta'uu. Kun kan inni namatti agarsiisu gochaalee barreessii hojiirra oolchuun akka waan ga'ee barsiisota Afaan Oromoo qofa ta'etti lakkaa'amuusaati; 3ffaa gochaalee barreessuu Afaan Oromoo hojiirra olchuun barsiisota dhiiraafi dubartii gidduu garaagarummaa murteessaan kan hinjirree ($t_{2.026}$, df = 43, ɑ = .061 >.05) ta'uu. Kun kan agarsiisu gochaalee barreessuu hojiirra olchuun saalaan kan walqabatu hintaanedha

Gama ciminafi hanqina qorannoo kanaatiin, dhimma dandeettii barreessuu barattootaa MB sadarkaa 1ffaa irratti gochaalee barsiisonni Afaan Oromoo ala barsiisan irratti keessumaa kan Magaalaa Naqamtee irratti hojeechuun adda godha. Hanqinaan kan walqabate immoo qorannoon kun qorannoo ammamtaa waan ta'eef qaawwaa karaa qorannoo ammamtaatiin dhufu qooddachuu isaati.

## 5. Yaada Furmaataa (Yaboo)

Ogummaan barreessuu barnoota sadarkaa 1ffaa keessatti gonfatamu milkaa'ina akkaadaamii sadarkaa barnoota itti aanuuf hanga Yuunivarsiitiitti jiruuf murteessaa waan ta'eef dhimmi kun dhimmamtoota barnootaa hunda biratti xiyyeeffannaa argachuu qaba. Kanaafuu:

1. Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa ogummaa barreessuu kan akka qubeessuu, sirna tuqaalee, jechoota hima keessaa ba'an, seer-luga, hima ijaaruu, caaseffama himaafi akka xiyyeeffataman taasisuutu irraa eegama;

2. Barsiisonni muummee biraa ta'ana gochaalee barreessuu hojiirra oolchuun akka waan ga'ee barsiisota Afaan Oromoo qofa ta'etti lakkaa'uu dhiisuun akka dirqama ogummaa isaaniitti fudhachuufi akka gocha ijoo qaama baruu barsiisuu muummee isaanii ta'ee hojjechuutu irraa eegama;

3. Oggantootni MB ykn superviizerootni MB sadarkaa 1ffaa gochaalee barreessuu hojiirra oolchuun aadaa baruu-barsiisuu manneen barnootaa waliin kan olqabatu ta'uu beekuun haala mijataafi aadaa kanaa dagaagsuutu irraa eegama;

4. Qopheessitootni sirna leenjii ogummaa barsiisotaa gahumsiifi ilaalchi gochaalee barreessuu hojiirra oolchuu leenjii barsiisonni laanji'anii kan olqabatu ta'uu beekuun dhimmi kun leenjii barsiisotaa keessatti akka hammatamu gochuudha.

**Wabiilee**

Ahmed, D. A. I. (2017). Investigating English Spelling Difficulties in Basic Level

Pupils. Sudan University of Science and Technology.

Ahmed, Z. A. A. (2018). Problems of Writing Encountered by Pupils: A Case Study of Tambool Unity Basic Schools, Gezira State, Sudan. University of Gezira.

Alvi, S., Haider, K., Aziz, F., & Rehman, N. A. (2020). English 5 History Of Educational Policy Making And Planning In Pakistan. *The International Research Journal Department of Usooluddin, 4*(2), 55-68.

Arrimada, M., Torrance, M., & Fidalgo, R. (2018). Supporting first-grade writers who fail to learn: multiple single-case evaluation of a Response to Intervention approach. *Reading and Writing, 31*(4), 865–891. https://doi.org/10.1007/s11145-018-9817-x

Bekalu Ferede et al. (2021). Determinants of instructors' educational ICT use in Ethiopian higher education. Springer Science.

Borden. K, & Abbott. (2018). Research Design and Methods: A process Approach (10th Eds.) Dubuque, IA : McGraw-Hill Education.

Cliff, A. and Hanslo, M. (2009).The design and use of alternate assessments of academic literacy as selection mechanisms in higher education. Southern African Linguistics

Creswel. (2014). Research Design and Applied Language Studies, 27(3), 265-276.

Creswell, J. W., & Plano Clark, V. L. (2018). Designing and conducting mixed methods research. 3rd ed. Thousand Oaks, California: SAGE Publications, Inc.

Cole, J., & Feng, J. (2015). Effective Strategies for Improving Writing Skills of Elementary English Language Learners. Online Submission.

Deane, P. (2018). The Challenges of Writing in School: Conceptualizing Writing Development Within a Sociocognitive Framework. *Educational Psychologist, 53*(4), 280-300. doi: 10.1080/00461520.2018.1513844.

Elton, L. 2010. Academic writing and tacit knowledge, Teaching in Higher Education, 15(2), 151-160.

Engstrom, C.M. (2008). Curricular Learning Communities and Unprepared Students: How Faculty can Provide a Foundation for Success. *New Directions for Teaching and Learning, 115*, 5-19.

Hajar, S. (2019). Weaknesses and Solutions of Students in Writing Descriptive Text. Universitas Negeri Makassar.

Hasani, A. (2016). Enhancing Argumentative Writing Skill through Contextual Teaching and Learning. *Educational*

*Research and Reviews, 11*(16), 1573-1578.

Hawkins, M.R. (2005). Becoming a student: Identity work and Academic Literacies in Early Schooling, *TESOL Quarterly, 39*(1), 59-82.

Jacobs, C. (2005). On being an insider on the outside: new spaces for integrating academic literacies. *Teaching in Higher Education, 10*(4), 475-487.

Jackson, L., Meyer, W. and Parkinson, J. (2006). A study of the writing tasks and reading assigned to undergraduate science students at a South African University. *English for Specific Purposes, 25*, 260-281.

Jack M. Chokwe. (2013). Factors Impacting Academic Writing Skills of English Second Language Students. *Mediterranean Journal of Social Sciences, Publishing, 4 (14) Rome-Italy.*

Jurecic, A. (2006). Is Teaching Writing Still Possible? New Jersey Writing Alliance, 1-13. Available from: http://www2.bergen.edu/njwa/NJWA_2006_materials_jurecic.pdf Accessed on 03 March 2011.

Mitchell, S. & Evison, A. (2006). Exploiting the potential of writing of educational change at Queen Mary, University of London. In L. Ganobcsik-Williams (Ed) Teaching Academic Writing in UK Higher Education: Theories, Practices and Models, New York: Palgrave, Macmillan.

Mitchell, K. M. (2018). Constructing writing practices in nursing. *Journal of Nursing Education, 57*(7), 399-407.

READ. (2014). Ethiopia: Evaluation Scope of Work for the READ Project. USAID/Ethiopia.

READ. (2016). Reading For Ethiopia's Achievement Developed Monitoring And Evaluation (READ M&E), USAID Ethiopia.

READ. (2018). Monitoring & Evaluation (M&E) TechnicaL Assistance For A Glimmer Of Hope Foundation, USAID Ethiopia.

READ TA. (2016). Teaching Reading And Writing In Primary School, USAID Ethiopia

Rose, D. (2004).Sequencing and pacing of the hidden curriculum: How indigenous children are left out of the chain? In J. Muller, A. Morais & B. Davies (Eds.) Reading Bernstein, Researching Bernstein. London: Routledge Falmer.

Samina Sarwat. (2021). *Problems and Factors affecting students English writing skills at elementary level, 20*(5), 3079-3086.

Samuel, L.E. (2011). Common mistakes committed in using the Oromo Writing system: The status of texts of billboard in Adama Town. *Saarbrucken: LAP LAMBERT Academic Publishing*.

Tamene Keneni Walga. (2021). Prospects and Challenges of Afan Oromo: A Commentary. *Theory and Practice in Language Studies, 11*(6), 606-612.

Thomas, Kate. (2021). Developing High-Quality Pre-Primary Programs: USAID Education How-To Note. USAID.

Tigistu, K. (2013). Professionalism in early childhood education and care in Ethiopia: What are we talking about? Childhood Education. 89:152-158.

Tsegai Mulugeta. (2015). Early child care and education attainment in Ethiopia: Current status and challenges. *African Educational Research Journal Tsegai Mulugeta. Early child care and education attainment in Ethiopia: Current status and challenges. African Educational Research Journal 3(2)*, 136-142.

Woldehanna, T. (2011). *The effects of early childhood education attendance on cognitive development: Evidence from urban Ethiopia. Conference 2011 on Economic Development in Africa at St Catherine's College, Oxford.* England.